1 Saaphana siree yeroo hunda haa fayyadamnu

2 Saaphana siree ji'a/Baatii 4ti yeroo tokko miiccuudhaan dayoo(gaddisa) jalati haa afnu

3 Dhaqna gubaa, mataa bowwoo, hollachiisuun yeroo nutti dhagahamu hatattamaan gara mana yaalaa haa deemnu

4 Qoricha busaa nuuf ajajame guutumaan guututi haa fudhanu/liqimsinu

5 Mana keenya keemikaala farra bookee busaatiin haa biifsifnu

6 Gidaara/ goda mana keenyaa kan keemikaala farra bookee busaa biifame ji'a jahaaf halluu dibuun fi loolla'uu akkasumas waraqaa maxxansuun hin barbaachisu

Guyyaa Dhukuba Busaa Addunyaa

Malawwan Dhukuba Busaa ofirraa ittiin ittisnu

Dhukkuba busaa guutumaan guututti haa dhabamsiifnu

Guyyaa Dhukuba Busaa Addunyaa

1 Saaphana Siree Fayyadamuu

Maatin keessan haadholii ulfaa fi daa'imman umriin isaanii waggaa 5 gadii ta'eef dursa kennuudhaan yeroo hunda galgala-galgala saaphana siree keemikaala farra bookee busaa cuuphame dahatanii akka rafan taasisaa.

Handaara/Xiyyoo/ qarqara Saaphanaa firaasha siree jala gara hundaanuu sirriiti galchaa.

2 Saaphana siree miicuu

Saaphana siree keemikaala farra bookee busaa keessati cuuphame saamunaa hucuutin ji'a 3-4 miiccudhaan dayoo (gaaddisa) jalati fannisaa yookan afaa.

3 Tajaajila yaalaa argachuu

Maatii keessan keessaa nama tokkorati dhaqna gubaan yoo mul'ate daddafiidhaan gara buufata/keellaa fayyaa geessaa.

4 Qoricha ajajame fudhachuu

Qoricha busaa ogeessa fayyaatiin isiniif kenname guutummaa guututi liqimsuun barbaachisaadha.

Qoricha addaan kutuus ta'e nama biraatif qooduun hin barbaachisu.

5 Keemikaala farra bookee busaa biifsisuu

Namoota keemikaala farra bookee busaa manaa-manarra deemudhaan biifaniif gargaarsa barbaa-chisaa ta'e godhafii.

Naannawa mana keessaniti kan argaman wantoota akka kuusaa bishaanii dhangalaasu fi qulquleesun barbaachisaadha.



6 Gidaara/goda manaa dibuu dhiisuu

Gidaara/goda mana keessanii keemikaala farra bookee busaatin biifame hanga ji'a 6 ti halluu dibuus ta'e waraqaa hin maxansinaa.